# سُورَةُ الصَّافَّاتِ
# Suuraa Sgaaffaat

*Dura dursoo suuran tun {suuratussa aff-aat} je'amti .
قبل كل شئ هذه سورة الصافات

*Isiin suuraa makkaati
وهي مكية

*Aayaanni isi'ii dhibbaafii saddeettarnii lama {I 82} .
وآياتها مائة واثنان وثمانون آية

* Lakkooysi isi'ii soddomii torba {37}
ترتيبها سبع وثلاثون ( ٣٧ )

*Isiin eega suuraa {Ankgaamii } buute.
نزلت بعد سورة الانعام

* Jalqabni maqaa rabbii rahgmata qabu utii
بِسْمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحْمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

1}*Malaaykaa salfii dhaabbattuun kakha-dhee .haqqii malaaykaa saniitin khakha-dhee.
وَٱلصَّٰٓفَّٰتِ صَفًّا ﴿١﴾

2} * Malaaykaa duumessaan loltee ooftun khakhadhee.
فَٱلزَّٰجِرَٰتِ زَجْرًا ﴿٢﴾

3}*Malaayka'aafii, nama birallee, kan qur'-aanafii zikrii qara'uun kakhadhee.
فَٱلتَّٰلِيَٰتِ ذِكْرًا ﴿٣﴾

4} *Rabbiin keessan tokkoo, isa malee wa-an biraa hin gabbarinaa. Isa malee rabbiin biraa hin jiruu.
إِنَّ إِلَٰهَكُمْ لَوَٰحِدٌ ﴿٤﴾

*Rabbiin keessan isa sarni'iifii.dachii waan isaan lamaan jidduu jiru hunda uume
رَّبُّ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلْأَرْضِ وَمَا بَيْنَهُمَا

5}*Rabbiin bakka aduun guyyaa hunda ba-atun, bakka bayu, j I ini bayuun uume.
وَرَبُّ ٱلْمَشَٰرِقِ ﴿٥﴾

*Nuti samii lafatti gad aantu tana boonsi-nee yookaa bareechinee jirra.
إِنَّا زَيَّنَّا ٱلسَّمَآءَ ٱلدُّنْيَا

6}*Faaya urji'iitin. Ifa isi'iitin. Takkaa mat-uma urji'iitin
بِزِينَةٍ ٱلْكَوَاكِبِ ﴿٦﴾

*Urji'iin samii tiysinee jirra. ~
وَحِفْظًا

7}*Sheyxaana karaa rabbirraa baye hunda-
مِّن كُلِّ شَيْطَٰنٍ مَّارِدٍ ﴿٧﴾

rraa tiysinee ibidda urjiidharraa qabsiifameen, hoggaa isaan sami'itti ol dhiyaatan, darbinee, gubnee, kan gariin isaanii du'u. kan gariin dha maayyayu. Aqliin isaa sababaa saniin tuqamtee.

لَّا يَسَّمَّعُونَ إِلَى ٱلْمَلَإِ ٱلْأَعْلَىٰ *Tanaaf jecha ormi jinni'ii waan warri sami'ii , malaaykan haasoytu, hin dhagayan.

وَيُقْذَفُونَ مِن كُلِّ جَانِبٍ ﴿٨﴾ 8} *Odoo dhaggeefTatu'uuf gara sami'ii ol dhiyaatanii gama sami'ii hundarraa ibiddaan darbaman .

دُحُورًا *Sami'irraa ari'uudhaajecha

وَلَهُمْ عَذَابٌ *Orma sheyxaanaa saniif aakhira'atti azaabatu j ira.

وَاصِبٌ ﴿٩﴾ 9}*Azaaba zalaalamiidhaa.

إِلَّا مَنْ خَطِفَ ٱلْخَطْفَةَ *Sheyxaanni waan malaaykan sami'ii jettu hin dhagayu yoo nama isaanirraa sami'itti ol dhiyaatee, jecha malaayka'aa hatu, takkaa butu taate malee.

فَأَتْبَعَهُۥ شِهَابٌ *Kan ibiddi urji'irraa ka'u,jala ceyu,

ثَاقِبٌ ﴿١٠﴾ **10}***Kan sheyxaana sanuru yookaa waraanu

---

kan gubee yookaa ajjeessee. Yookaa maraachu, wanni nuuf beekkame jinniin ibiddarraayii, haatayuu sanumaan wajji ni gubatte, wanni jabduun waan laaftu ni nyaattii akka sibiilli jabaan sibiila laafaa

فَٱسْتَفْتِهِمْ *Mee warra eega duunee qabriii hin kaafa-

kaafamnu je'u gaafadhu maalif akkas jettan? Ji'iinii. Si biyyee namni duraan irraa uumameetu hin jerreefi moo, rabbiitu uumuu hin dandeeny e'eefi ? Ji'iin, duuba lachuu waan aylii seenuu miti,maalif namni eega du'ee biyyee duraan irraa uumame tayaa, rabbiin duraa biyye'erraa nama uume, ammas deebisee bordoda biyyee sanirraa uumuu maaltu dhoowwa. ammas rabbiin dachi'ii samii , waan isaan lamaan keessa jiru uume. Akkamitti nama deebisee uumuu dadhaba.

أَهُمْ أَشَدُّ خَلْقًا *Si isaan uumu'uutu irrajabaata moo.

أَم مَّنْ خَلَقْنَآ *Waan gurguddoo nuti uumne ? kan akka dachi'ii sami'ii.malaayka'aa, uumaa jara kanaatu jechu' .

إِنَّا خَلَقْنَٰهُم *Nuti namaa namaa jalqabnee jirraa

مِّن طِينٖ لَّازِبِۭ ﴿١١﴾ 11}*Bordoda harkatti nama maxxanurraa sun abbaa isaanii aadamii, kan eegasii ilmaan isaa bishaan gatii hin qabnerraa uumne. Duuba namni akkanaa akkarniin ergamaa keenyafii qur'aana keenya kijibsiisa?

بَلۡ عَجِبۡتَ *Yaa ergamaa kiyya muhammed haala warra odoo ati haqaa arguu, odoo qur'aanni haqaa arguu, si kijibsiisu, qur'aana kijibsiisu, ajaa'iba gootee jirta. Haalli isaanii si dinqee jira.

وَيَسۡخَرُونَ ﴿١٢﴾ 12}*Isaan ati haala isaanii ajaa'iba godhuu kana yaada xiqqeessu'uutin laalan Qishnaa godhan .

وَإِذَا ذُكِّرُواْ *Isaan hoggaa qur'aanan gorfaman

لَا يَذۡكُرُونَ ﴿١٣﴾ 13} *Hin gorfaman .

وَإِذَا رَأَوۡاْ ءَايَةٗ *Hoggaa mukgjizaa argan, kan akka jiini baqaqu'uu faa

يَسۡتَسۡخِرُونَ ﴿١٤﴾ 14}*Ni xiqqeessan, hin qeebalan. Hin dhugo'oomsan

وَقَالُوٓاْ إِنۡ هَٰذَآ إِلَّا سِحۡرٞ مُّبِينٌ ﴿١٥﴾ 15} *Kun falfala mul'ataa malee rnukgjiza'aa miti je'an

أَءِذَا مِتۡنَا وَكُنَّا تُرَابٗا *Si hoggaa duunee, biyyee taane,

وَعِظَٰمًا *Ammallee lafee taane.

أَءِنَّا لَمَبۡعُوثُونَ ﴿١٦﴾ 16} *Lammada nuti deebinee kaafamnaa.

أَوَءَابَآؤُنَا ٱلۡأَوَّلُونَ ﴿١٧﴾ 17}*Si abbootin teenya .warri duris, akkasumatti kaafamanii jiraachifama?je'an

قُلۡ نَعَمۡ *Eeyee ni kaafamtan ji'iin.

وَأَنتُمۡ دَٰخِرُونَ ﴿١٨﴾ 18}*Isin xiqqeeffamu isinii dilii teessan duddarratti ba'atee qabri'ii bayu

فَإِنَّمَا هِيَ زَجۡرَةٞ وَٰحِدَةٞ * Afuuffan garrii lammaysa'aa takkittumaa,

فَإِذَا هُمۡ *Duuba hoggaa garriin sun afuufamte wanni rabbiin uume hundi,

| | |
|---|---|
| 19}*]iraachifamaniiti qabri'ii kaafamanii ,waan rabbiin isaan godhu eegan . | يَنظُرُونَ ١٩ |
| *Kuffaarri wanni je'u | وَقَالُواْ |
| *Yaa badii teenyaje'an. | يَٰوَيۡلَنَا |
| 20} *Duuba wanni je'amuun guyyaan kun guyyaajaza'aati.guyyaa gaafi'iiti. | هَٰذَا يَوۡمُ ٱلدِّينِ ٢٠ |
| *Guyyaa kun guyyaa nama adda fooyu,guyyaa nama gaari'iifii, hamaa addaan baasu. | هَٰذَا يَوۡمُ ٱلۡفَصۡلِ |
| 21}*Guyyaa gaafa addunya'arra jirtan kijibsiisuu turtan. Orma kuffaaratiin je'ama . ammoo wanni malaayka'aan je'amu | ٱلَّذِي كُنتُم بِهِۦ تُكَذِّبُونَ ٢١ |
| *Warra kafare,ifmiidhe , walitti qabaa | ۞ٱحۡشُرُواْ ٱلَّذِينَ ظَلَمُواْ |
| *Isaanifii, sheyxaana isaanii,yookaa beera isaanii .jaallowwan isaanii, warra rabbitti kafare hunda walitti qaba . | وَأَزۡوَٰجَهُمۡ |
| 22}*Waan isaan addunya'arratti rabbi achitti gabbaruu turanii wajji. Waan rabbiin hin taane gabaruun isaan wajji . | وَمَا كَانُواْ يَعۡبُدُونَ ٢٢ مِن دُونِ ٱللَّهِ |
| *hunda isaanii qajeelchaa, oofaa. , | فَٱهۡدُوهُمۡ |
| **23}** * Karaa ibiddaa.gara ibiddaa. | إِلَىٰ صِرَٰطِ ٱلۡجَحِيمِ ٢٣ |
| *Isaan dhaabaa, bakka {siraax} je'amtu. | وَقِفُوهُمۡۖ |
| 24}*Isaan waan addunya'arratti je'aniifii waan dalagan hundarraa gaafatamanii. Wanni orma kuffaaratiin je'arnu . | إِنَّهُم مَّسۡـُٔولُونَ ٢٤ |
| 25}*Maalif ar'a wal hin in gargaarre? Akka addunya'arratti wal gargaaruu turtanitti | مَا لَكُمۡ لَا تَنَاصَرُونَ ٢٥ |
| 26}*Wanni je'amu ormi kuffaaraa ar'a {guyyaa qiyaama'aa}kana harka kennan, isaanii xiqqaatu . | بَلۡ هُمُ ٱلۡيَوۡمَ مُسۡتَسۡلِمُونَ ٢٦ |
| 27} *Grmi kuffaaraa sun, walitti gara galee wal zigaalu'utti seena, Dubbii walirra kaayu'utti seenan . | وَأَقۡبَلَ بَعۡضُهُمۡ عَلَىٰ بَعۡضٖ يَتَسَآءَلُونَ ٢٧ |

قَالُوٓاْ

*Warri xixiqqaan matuuta isaanii, kan jala deemanii kafaraniin akki je'an: isintu nu jallise.

إِنَّكُمۡ كُنتُمۡ تَأۡتُونَنَا عَنِ ٱلۡيَمِينِ ٢٨

28}*Isin karaa nuti isin dhugo'oomsinuun nutti dhu ftan. Nuti haqarra jirra jettanii, nuuf kakhattanii hanga isin dhu go'oomsinee, kafarretti. Isin jala yaaneti kafarre jechu'

قَالُواْ

*Matootin wanni jetteen .

بَل لَّمۡ تَكُونُواْ مُؤۡمِنِينَ ٢٩

29}*Nuti isin hin jallifnee.isin durumaanuu iimaanarra hin jirtanii. Duraan haqarra hin jirtanii. Nama duraan amanee, kan sababaa teenyan iirnaanarraa deebi'ee, nu jala deemetu na jalleftan je'aa, isin duraanuu jallata'oo, mee akkarniin isin jallifna je'aniin ,

وَمَا كَانَ لَنَا عَلَيۡكُم مِّن سُلۡطَٰنِۭ

*Nuti rabbi dirqi'iin if jala isin oofnun isinirratti hin qabnu .

بَلۡ كُنتُمۡ قَوۡمٗا طَٰغِينَ ٣٠

30} *Isin warruma jallaa akka keenyatii

فَحَقَّ عَلَيۡنَا قَوۡلُ رَبِّنَآۖ

* Jechi rabbiin keenya je'e, nutti dhugaa

---

nutti dhugaa tayuun nuu mul'ate. Wanni rabbiin je'ee dabarse. Namaafii jinni'iinan ibidda jahannama guuta jechu'uu. Warri ibiddaan guutu sun nuhii, waan isatti kafarreef jechaa .

إِنَّا لَذَآئِقُونَ ٣١

31}* Ar'a hundi keenya azaaba warra Rabbitti kafaree waliin dhandhamna . Waluma gubanna.Isintu nu jalliseen,isin jettan.isin hin baaftu.dirqi'iin namni isin jallise hin jiruu

فَأَغۡوَيۡنَٰكُمۡ

*Yoa kan isintu nujallisi jettan taatan nuti sababaa isinitti taane malee isin hin dirqine. Maalifhaala keenya ba daa san isin garsiifnan, akka keenya tayaa isiniin jennaan, namni haala badaa qabu, namni hundi akka isatti baduu fedhaa, waan nuti isiniin jennu dhageessanii haala keenya jaalattanii, nu jala deemtan. Kan nuti isin hin dirqin .

إِنَّا كُنَّا غَٰوِينَ ٣٢

32} *Nuti warra karaa haqarraa jallate tayuu turree isin odoo nuti,warra jallatee beytanuu, nu jala deerntanii, nu hundinuu walumaan jallannee, waan nu kornrnattaniif yookaa nu zigaaltaniif hin qabdan. Duuba rabbiin akki je'a :

فَإِنَّهُمْ يَوْمَئِذٍ فِي الْعَذَابِ مُشْتَرِكُونَ ﴿٣٣﴾

33}*Isaan hundinuu mata'aafii maayyilleen guyyaa qiyaama'aa azaaba seenu'utti, wal qixa waan jallina waliin qabaniif

إِنَّا كَذَٰلِكَ

*Nuti akka jara, rabbitti kafare kana goone.

نَفْعَلُ بِالْمُجْرِمِينَ ﴿٣٤﴾

34} *Warra dilii dalage ,kan biraatis rabbi, kan jala deemee dalageefii, kan jala deemanillee, waliin qixaan'a, jechu

إِنَّهُمْ كَانُوا

*Ormi kuffaaraa kan muka, yookaa nama rabbi godhate gabbaru, sun,

إِذَا قِيلَ لَهُمْ

*Hoggaa isaanin je'arne; ,

لَا إِلَٰهَ إِلَّا اللَّهُ

*{Laa ilaaha illallaahu} rabbi malee rabbiin jiru je'aa isaanin je'ame. Akki turan

يَسْتَكْبِرُونَ ﴿٣٥﴾

35 }*Je'uu didan. Irraa if guddisan.

وَيَقُولُونَ

*Wanni isaan je'an :

أَئِنَّا لَتَارِكُوا آلِهَتِنَا

*Si nuti rabbi keenya, kan gosti hundi adda addaan qabdu dhiifneti rabbi tokko qofa, ibaannaa yookaa gabbarraa?

لِشَاعِرٍ مَجْنُونٍ ﴿٣٦﴾

36}*Wallisaa maraata'aa jennee ? Waan Muhammad nuun je'u dhageenyee ,hin dhiifnu jechuu isaaniti.Duuba rabbiin akki je'e: muhammed waa wallisa'aa mitii, maraata'allee mitii,

بَلْ جَاءَ بِالْحَقِّ

*Ergamaan kiyya muhammed kan haqaan dhufe.sun rabbi tokkicha dachi'ii sarni'ii, ammallee waan biraa hunda uume ibaadanii waan inni uume dhagaa tayuu muka tayuu nama tayuu jinni'ii tayuu ibaaduu dhiisu'uu ,

وَصَدَّقَ الْمُرْسَلِينَ ﴿٣٧﴾

37}*Nabi muhammed kan ergamoota isa duraa, kan towhgiida rabbiitin dhufan dhugo'oomse. Ergamoonni rabbiin erge , hundi, wanni ummata isaanittiin dhufan, rabbi tokkicha iba adaa, waan biraatin rabbiin je'inaa, isa tokkicha isin uumee, waan itti ha ajamtan hunda isinii uume malee, rabbi in biraa isiniif hin jiruu jechu'. Duuba ergamaan keenya muhammed waanuma ergamoonni isa duraa dhufeen dhufee, akkamiin waan inni dhufeen qeebaluu diddan?

إِنَّكُمْ

*Isin yaa warra rabbitti kafare, kanneen isa dhiiftanii waan biraa ibaaddan

لَذَآئِقُوا۟ ٱلْعَذَابِ ٱلْأَلِيمِ ﴿٣٨﴾

38}*Azaaba isin laallessu, dhandhamu'uuf jiraattan .

وَمَا تُجْزَوْنَ إِلَّا مَا كُنتُمْ تَعْمَلُونَ ﴿٣٩﴾

39}*Waan isin dalaydan malee , waan bir-
aatif hin qixaaxamtan, qixaan'i sharri'ii dacha hin hin godhamu akka sawaabni ,kheyri'ii dacha godhamutti, qixaan'I sharri'ii hanguma dala gan, sawaabni kheyri'ii hanga dalaganirraa dabra,tanaaf rabbiin akki je'e

إِلَّا عِبَادَ ٱللَّهِ ٱلْمُخْلَصِينَ ﴿٤٠﴾

40}*Gabroota rabbi warm ibaadaaaf Rabbiin qulqulleesse malee. Kanneen rabbi tokkichatti amananii waan gaarii, isaaf jecha, jaalala isaa barbaadaf jecha, dalagan.

أُو۟لَٰٓئِكَ

* Jara san,

لَهُمْ رِزْقٌ مَّعْلُومٌ ﴿٤١﴾

**41}** * Jannata keessa,rizqii beekkamtu'uutu ganamaafii galgala isaanif jira,

فَوَٰكِهُ

*Waan midhaan nyaatan, asheeta tayuu waan biraa tayuu wannumaan jannata keessatti nyaadhamu, rizqiin hundi {fawaakiha} waan mi'aadhaf nyaatan je'amtii, rizqii jannata mi'aadhafnyaatan malee fayya'aan tiyfatu'uufii beelafii mitii.

وَهُم مُّكْرَمُونَ ﴿٤٢﴾

42}*Warri rabbi tokkichatti amanee waan gaarii Rabbii je'ee dalage, sun sawaaba rabbi kan hanganaa hin qabneen guddifaman.

فِى جَنَّٰتِ ٱلنَّعِيمِ ﴿٤٣﴾

43} * Jannata qanani'ii keessatti ,

عَلَىٰ سُرُرٍ

*Sire'erra tattaa'anii yookaa ciqilfatanii,

مُّتَقَٰبِلِينَ ﴿٤٤﴾

44} *Fuula walitti gara galanii kan killiyyuu walii hin agarre.

يُطَافُ عَلَيْهِم

*Isaanirraan deeman, isaanirraan naannawan

بِكَأْسٍ

*Kaasa guutameen.

مِّن مَّعِينٍ ﴿٤٥﴾

45} *Farshoo akka ija bishaanitti yaaturraa dabbuuyfamee ,guutameen irra deeman yookaa naannawan.

*Farshoo aananirraa addaattu . بَيۡضَآءَ

46} *Tan warra dhugutti akkaan mi'ooytu, akka farshoo addunya'aa ta hoggaa dhugan ajooytuu mitii . لَذَّةٖ لِّلشَّٰرِبِينَ ٤٦

*Wanni aylii balleessu farshoo aakhira'aa keessa hin jirtu. لَا فِيهَا غَوۡلٞ

47} *Isaan hoggaa isii dhugan hin machaa-yann akka farshoo addunya'atti .farshoon addunya'aatifii tan aakhira'aa ma qumaatu tokko taye malee, wanni isaan tayan adda. وَلَا هُمۡ عَنۡهَا يُنزَفُونَ ٤٧

*Warri jannataa dhalaa qaba tan ijji isii-dhaa jaarsa isi'ii qofarratti gabaabbattu, tan jaarsa isi'ii malee, nama biraa hin laallee. Waan rabbiin jaarsa isi'ii isi'itti bareechef. وَعِندَهُمۡ قَٰصِرَٰتُ ٱلطَّرۡفِ

48}*Tan ija bal'oo bareedduu qabdu. عِينٞ ٤٨

* Addeenyi dhalaa jannataa akka killee gu-chi'iiti , كَأَنَّهُنَّ بَيۡضٞ

49} *Tan baalli'iin dhoyfamte, akka dhuk- مَّكۡنُونٞ ٤٩

keen hin tuyne`eedhaf addeenyi killee , yookaa anqaaquu guchi`ii , adii daal-achummaan itti makamte , sun waan bifa dhala`arraa akkaan bareeduu

*Warri jannataa, gariin isaanii garii isaanitti fuula garagala, فَأَقۡبَلَ بَعۡضُهُمۡ عَلَىٰ بَعۡضٖ

50} *Waan addunya'atti isaanirraa dabre wal gaafatu'uu jecha . يَتَسَآءَلُونَ ٥٠

*Duuba isaanirra namni tokko akki je'e: قَالَ قَآئِلٞ مِّنۡهُمۡ

51} *An jaala tokkon qabaatuu ture .addu-nya'arratti. kan aakhiraan hin jirtu je'ee moromu. إِنِّي كَانَ لِي قَرِينٞ ٥١

*Wanni inni naan je'uu ture: يَقُولُ

52} *Si ati warra qiyaamaa dhugo'ooms-urraayii? أَءِنَّكَ لَمِنَ ٱلۡمُصَدِّقِينَ ٥٢

*Si nuti hoggaa duunee biyyee taane am-mallee lafee taane. أَءِذَا مِتۡنَا وَكُنَّا تُرَابٗا وَعِظَٰمًا

أَءِنَّا لَمَدِينُونَ ﴿٥٣﴾ 53} *Lammada jiraachifamnee ,waan daleynerraa gaafatamnaa je'uutu jiraa inni sun eessa jira .

قَالَ هَلْ أَنتُم مُّطَّلِعُونَ ﴿٥٤﴾ 54}*Isin na wajjiin deemtatanii ibidda keessa dhayxanii, laaltuu, akka haala jaala kiyyaa, kan kaafira san ba rru, akka waan rabbiin isin godhe garru. je'e, orma jannataa, warra isa anin wajji haasawuun. duuba wajji deemanii jaala isaa ibidda keessa laaluu didan.

فَٱطَّلَعَ *Duuba namichi sun fooddaajannataatin laalee.

فَرَءَاهُ *Saahiba, jaala isaa, kaafirticha san, arge.

فِي سَوَآءِ ٱلْجَحِيمِ ﴿٥٥﴾ 55} *Wal'akkaa ibidda azaabatti .

قَالَ * Agarraan itti lallabee wanni isaan je'e: inni gubatuudhaf gammadee,

تَٱللَّهِ *WaIlaahii.

إِن كِدتَّ لَتُرْدِينِ ﴿٥٦﴾ 56} * Ati, yaa badaa, gaddaafaa teetin na galaafatteeti kaate{kitta} jechuun {kaate } yookaa dhiyaatte jechu'uu {Iaturdiin} jechuun na balleessita, na j alii fta jechu'uu .

وَلَوْلَا نِعْمَةُ رَبِّى *Namichi mu'minaa san ammas akka je'a: odoo rabbiin waaqni iimaana naa kennee rahgmata naa godhuu baatee na jalliftee.

لَكُنتُ مِنَ ٱلْمُحْضَرِينَ ﴿٥٧﴾ 57}*Silaa ar'a warra si wajjiin ibidda seenun tayaa, gallanni kan rabbii kiyyaatii . kan balaa tee jalaa nagaya na baase, warri jannataa hoggaa qananii jannataa argatanii qanani'an. wanni waliin takkaa namichi jaala isaa kan ibidda keessa jiru dubbisee, warra isaan wajji taa'utti as deebi'ee isaan dubbisee akki je'e:

أَفَمَا نَحْنُ بِمَيِّتِينَ ﴿٥٨﴾ 58}*Si nuti warra zalaalamii jannata keessa taa'u kan hin duunee?

إِلَّا مَوْتَتَنَا ٱلْأُولَىٰ *Du'a teenya tan duraa malee sun du'a addunya'arratti du'anii

وَمَا نَحْنُ بِمُعَذَّبِينَ ﴿٥٩﴾ 59}*Nuti warra hin qixaaxarnnee mitii? je`a takkaa je'an, akkana jechuun isaanii gammadanii nuti ganaa hin duunu. Hin qixaaxamnu jechu' .

إِنَّ هَٰذَا
*Qananiin jannataa tun,

لَهُوَ ٱلْفَوْزُ ٱلْعَظِيمُ ﴿٦٠﴾
60} *Milkii gurgudu'u .

لِمِثْلِ هَٰذَا
*Duubaa waan warri jannataa argate kana argatu'uuf,

فَلْيَعْمَلِ ٱلْعَٰمِلُونَ ﴿٦١﴾
61}*Warri dalagu haa dalaguu , warri dantaa ifii beekhu qananii aakhira'aa argatu'uuf, jaatanii godhee haa dalaguu.Addunyaa argatu'uufii mitii. qananiin addunya'aatii waan dhabamaatii

أَذَٰلِكَ
*Mee qananii warrajannataatu

خَيْرٌ نُّزُلًا
*lsi'iin jannata keessa qubsiifamu'uuf irra caalamoo

أَمْ شَجَرَةُ ٱلزَّقُّومِ ﴿٦٢﴾
62} *Muka ajaayaa , hadhaayaa,warra ibiddaatif qopheeffame . •

إِنَّا جَعَلْنَٰهَا فِتْنَةً لِّلظَّٰلِمِينَ ﴿٦٣﴾
63} *Nuti muka san waan warm Rabbitti kafareen mokkorru goone.maalif kuffaarri wanni je'e.ibiddi muka ni gubaa akkamiin ibidda keessan meyra je'an. akka rabbiin muka jiidhaa keessatti ibidda uume, kan isaanuu waliin riganii ibidda keessaa baasan, odoo araganuu akkas je'an .

إِنَّهَا شَجَرَةٌ تَخْرُجُ فِىٓ أَصْلِ ٱلْجَحِيمِ ﴿٦٤﴾
**64}** *Mukni hadhaayan warri ibiddaa nyaatu sun ibidda keessa gama jalaatin, hundeen isaa magarti kan dameen isaa, mana ibiddaa hunda wal geessu. Jalaa gubbaa.

طَلْعُهَا
*Daraaran muka sanii ,

كَأَنَّهُۥ رُءُوسُ ٱلشَّيَٰطِينِ ﴿٦٥﴾
65} * Mataa bofa, fokkaataa, ijji laaluu hin feeneti fakkaataa, takkaa mataa sheyxaanati fakkaata jechu' . odoo mataa sheyxaanallee arguu baannee haa tayuu, akka inni odoo agarree, fokkataa taye, qalbiin ni yaaddi .

فَإِنَّهُمْ
*Kuffaarri warri rabbi moromu ,

لَءَاكِلُونَ مِنْهَا
*Muka badaa sanirraa nyaatan,beelti isa anitti jabeessuu keessa ,

فَمَالِـُٔونَ مِنْهَا ٱلْبُطُونَ ﴿٦٦﴾
66}*Muka sanirraa gara guuttatan.

ثُمَّ إِنَّ لَهُمْ عَلَيْهَا لَشَوْبًا

*Ammoo eegasii waan nyaatan san gubba'aan,
*Dhugaatii nyaata sanitti makamtu gaban,

مِّنْ حَمِيمٍ ﴿٦٧﴾

67}*Bishaan akkaan owurraa dhugan , kan muka summii, horiin irraa dheysu, kan isaan nyaatanii garaa guuttatan san itti, makamee, bel isaan godhu . dhugan .

ثُمَّ إِنَّ مَرْجِعَهُمْ لَإِلَى الْجَحِيمِ ﴿٦٨﴾

68}*Ammoo eega muka san nyaatu'uufii, bishaan oowaa san irratti dhugu'u rraa, raaw'atanii, gara ibiddaan gubat u'utti, deebi'an.

إِنَّهُمْ أَلْفَوْا آبَاءَهُمْ ضَالِّينَ ﴿٦٩﴾

69}*Kuffaarri sun wanni akkasitti qixaaxamaniif, isaantu abbootii isaanii, karaa jalla'arratti argee.

فَهُمْ عَلَىٰ آثَارِهِمْ يُهْرَعُونَ ﴿٧٠﴾

70}*Duuba isaantu faana abbootii isaanii jala deeme karaa isaanii irraan mayn'ee ,faana isaanii jala bu'anii, jala ori'an itti if haranii.

وَلَقَدْ ضَلَّ قَبْلَهُمْ أَكْثَرُ الْأَوَّلِينَ ﴿٧١﴾

71}*Isaan dura dhugumaan irra hedduummata isaan dura dabre jallate.

وَلَقَدْ أَرْسَلْنَا فِيهِم مُّنذِرِينَ ﴿٧٢﴾

72}*Dhugumaan warra abbootii isaanii jala deem an jallatetti ergamoota keenya erginee j irra, kan azaaban isaan sodaachisanii, akka amanan godhu'uuf, jaatanii godhan. haa tayuu qeebaluu didanii, qixaaxa mudatanii .

فَانظُرْ كَيْفَ كَانَ عَاقِبَةُ الْمُنذَرِينَ ﴿٧٣﴾

73}*Mee laali,boodden warra sodaachifamee duuba amanuu didee akkam taate? azaabaa mitii .

إِلَّا عِبَادَ اللَّهِ الْمُخْلَصِينَ ﴿٧٤﴾

**74}** *Gabroottan rabbii warra dhuga'aan rabbitti amane malee. isaan azaabarraa nagaya bayanii .

وَلَقَدْ نَادَانَا نُوحٌ

*Ergamaan keenya{nuuhg} nutti iyyatee jira: yaa rabbi,ummanni kiyya natti roorrisee, naa dirmadhuu, na furi, je'ee duuba isaa dirmannee, warra isa kijibsiisetti balaa bishaanii buufnee, lafarraa fin 'e .

فَلَنِعۡمَ ٱلۡمُجِيبُونَ ٧٥

75}*Warri nama iyyatee dirmatee furu, wal tolee sun nuhi. rabbii keessanii .

وَنَجَّيۡنَٰهُ وَأَهۡلَهُۥ مِنَ ٱلۡكَرۡبِ ٱلۡعَظِيمِ ٧٦

76} *Ammoo nabi { nuuhgifii } nama isaa warra isatti amaneefii. joollee isaa balaa guddoo jalaa nagaya baafne .safiinaa yookaa doonii, yaabbachiifnee balaa guddoo jalaa,

وَجَعَلۡنَا ذُرِّيَّتَهُۥ هُمُ ٱلۡبَاقِينَ ٧٧

77}* Akkasitti nama biraa hunda fin'ee,

ilmaan isaa warra addunyaa tanarratti hafe, isaan goone. namni addunyaa tanarraa jiru marti ilmaan isatti,abaabuu lakkaawwata, ilmaan {nuuhg} sadii:
**Tokko:** {saami} inni abbaa arabaatifii, fursifii, ruumi.
**Lammaffaan:** {Hgaami} inni abbaa nama guraachati
**Sadeessan:** {Yaafith} inni abbaa turkitiifii, {Yajuujifii, ma'juujii} tatari
* {Nuuhgif} faaruu habbifnee jirra.

وَتَرَكۡنَا عَلَيۡهِ
فِي ٱلۡأٓخِرِينَ ٧٨

78}*Anbiyoota keessatti inni abbaa namaa

kan lammeysa'atti,abbaan namaa kan duraa aadami, kan laammafa 'aa isa. waan isa malee namni biraa hundi dhumeef. kan namni isa boodaa. hundi isarraa faca'e. tanaaf namuu waan gaari'iin isa dubbata hanga guyyaa qiyama'atti .

سَلَٰمٌ عَلَىٰ نُوحٖ
فِي ٱلۡعَٰلَمِينَ ٧٩

*Salaamatan teenya nuuhgirratti haa jiraattu,
79}*Malaayka'aafii, namaafiijinnii keessaa

wanni Rabbiin faaruu isaa nama keessatti hambisee irratis sala ammateef, isaatu, nama dura dursoo karaa rabbii keessatti miidhamee, zaman a dheeraa obse'eefi .

إِنَّا كَذَٰلِكَ

*Nuti akkuma {nuuhg}guddifnetti

نَجۡزِي ٱلۡمُحۡسِنِينَ ٨٠

80} *Warra tolee, tolche mara, guddifna .

إِنَّهُۥ مِنۡ عِبَادِنَا ٱلۡمُؤۡمِنِينَ ٨١

81}*{Nuuhg}gabroota keenyarra nama akkaan to lerraayi , nama akkaan iimaanni isa tole.

ثُمَّ أَغۡرَقۡنَا ٱلۡأٓخَرِينَ ٨٢

**82}***Duuba eega nuuhgifii nama isaan wajji

jiru , gosa Bineenssaa hundaan wajji, safiinaa yaabbachiifnee, bishaan jalaa nagaya baafnee, warra nutti kafare, kan ergamaa keenya kijibsiise mara, bishaan addunyaa guutee,wal gayeen fin'e.namni galgala{ salaamun kgalaa nuuhgin filkgaalamiin} je'e qeejjabbuun isan ciniintu. akka nabi muhammadirraa odeeffame .

وَإِنَّ مِن شِيعَتِهِۦ

*Nama towhgiida rabbii keessatti nabi {nuuhg} jala deemerraa tokko,

لَإِبْرَٰهِيمَ ٨٣

83}*Nabi ibraahiimi,odoo zamanni isaan lamaanii adda fagoo tayelle'ee, kan bara kum larnaafii, dhib torbaafii, bara afurtama gayu, isaan lamaan jidduu huudifii sgaalihgiitu jira.

إِذْ جَآءَ رَبَّهُۥ بِقَلْبٍ سَلِيمٍ ٨٤

84}*Gaafa ibraahiim qalbii qulqullu'uun gara rabbii isaa gara gale, yaada waan biraa hunda qalbii keessaa if baasee.

إِذْ قَالَ لِأَبِيهِ

*Gaafa abbaa isaatin, yookaa adeem isaatin

وَقَوْمِهِۦ

* Ammallee ummata isaatin je'e,

مَاذَا تَعْبُدُونَ ٨٥

85}*Maali wanni isin ibaaddan ,yookaa gabbartan kun?

أَئِفْكًا

*Si waan kijibaati sanama {taaboota}

ءَالِهَةً

*Rabbii godhattanii ,

دُونَ ٱللَّهِ تُرِيدُونَ ٨٦

86} *Rabbii achitti gabbaruu feetanii? Si waan rabbiin tayin ibaaddanii ?

فَمَا ظَنُّكُم بِرَبِّ ٱلْعَٰلَمِينَ ٨٧

87}*Duubahoggaa waan Rabbii hin tayin gabbartan rabbi in waa hunda uume akkam isin godhaa yaaddan? Waan qixaaxa malee isin dhiisu seetanii? hin seyinaa. rabbiin nama waan isan tayin gabbaruu qixaaxa jabaa qixaaxaa ... ummanni nabi ibraahiim itti ergame {iramiyyoonni}warra urjii laalee waa odeessuu ture ,gaaf tokko dirree iidaa dhaqu'uuf gandarraa bayan, nyaata godhanii, ba-kka wanni isaan rabbi je'anii ibaadan, jirutti dhiisanii, akka sanamni isaan iba-adan isaanii eebbisee ,hoggaa,bakka iida itti godhanii deebi'an ,nyaataniif. Nyaata barakaa qabu. Duuba hoggaa bayu'uu ka'an ibraahiim yaamanii inni dardaraa nu wajjiin bakka iidaa dhaqi je'aniin jennaanin akka isaan jalaa itti hafu laalee.

فَنَظَرَ نَظْرَةً فِى ٱلنُّجُومِ ٨٨

88} *Duuba ka'ee urjii laale, akka waan urjii jettu dhugo'oornsuu, isaanitti fakkees-

su'uu jecha. akka isaan waan inni je'u dhug-o'oomsaniif. isaan urjii laalan malee waan j e'anii waan dalaganii,

فَقَالَ إِنِّي سَقِيمٌ ﴿٨٩﴾
89}*Duuba urjiin laalan wanni jeeen dhukkubsatu'uufin taa'aa, dhukkuba badaa tokkootu na qabaa, na dhiisaa je'eenii, bakka suura'aafii, mukni isaan ibaadan, kan nyaata biratti

فَتَوَلَّوْا عَنْهُ مُدْبِرِينَ ﴿٩٠﴾
90}*Bakka iidaa sanitti biraa dabran

فَرَاغَ إِلَىٰ آلِهَتِهِمْ
*Duuba ibraahiim suuta waan rabbi godhatanitti dhaqee asnaama nyaanni dura jiruun

فَقَالَ أَلَا تَأْكُلُونَ ﴿٩١﴾
**91}***Si nyaata isin dura jiru kana hin nyaattanii? jeeen qishna'aaf jecha. Duuba sanamni sun waa takka deebisu'uuf dhabnaan akki je'een .

مَا لَكُمْ لَا تَنطِقُونَ ﴿٩٢﴾
**92}** *MaaI taatanii hin dubbanne? Ammas waa takkan dubbanne gaafii isaa hin deebifneef.

فَرَاغَ عَلَيْهِمْ ضَرْبًا بِالْيَمِينِ ﴿٩٣﴾
93}*Duuba hoggaa san humnaan asnaarna

san dhawu'utti seenee, caccabse. guddaa isaanii malee, sanamni isaanii kan suuraa adda addaatti qoran torbaatamii lama. gariin dhaga'arr aayi, gariin mukarraayi, gariin ziqiyarraayi, gariin meetarraayi, gariin nuhgaasarraayi, gariin rasaasarraayi,gariin sibiilarraayi, kan irra gudda'aa akkaan faayaniiti ija isaa keessa yaaquuta ifu, kaayan. duuba ibraahiim guddicha kana malee hunda qotto'oon caccabsee,qottoo san guddaa sanitti fannise. duuba namni isaa ciru arge , ummatatti himee,

فَأَقْبَلُوا إِلَيْهِ يَزِفُّونَ ﴿٩٤﴾
**94}***Orl'aadhaa itti dhufanii,si nuti sanarna {taabota} ni gabbaraa, ni ibaannaa ,ati ni caccabsitaa? Je'aniin.

قَالَ
*Jennaanin wanni je'een isaan xixu'uu jecha

أَتَعْبُدُونَ مَا تَنْحِتُونَ ﴿٩٥﴾
95} *Si waan harka keessaniin qortan ibaaddanii? Waan dhaga'aafii? waan birarraa tolchitan rabbi jettanii gabbartanii?

وَٱللَّهُ خَلَقَكُمۡ وَمَا تَعۡمَلُونَ ﴿٩٦﴾

96}*Rabbiin waaqni kan isiniifii, waan isin dalaydan uumee, nama isiniifii waan isin qortan uume qofa ibaadaaje'een.

قَالُواْ

* Jennaanin wanni waliin je'an:

ٱبۡنُواْ لَهُۥ بُنۡيَٰنٗا

*Darbii dheertuu akka moora'atti jaara'aa, qoraan guuta'aa, ibidda itti qabsii sa'aa ,hoggaa akkaan belbelee, barbadaaye,

فَأَلۡقُوهُ فِي ٱلۡجَحِيمِ ﴿٩٧﴾

97} * Barbadaa sanitti ibraahiim darbaa, haa gubatuu, je'an .

فَأَرَادُواْ بِهِۦ كَيۡدٗا

* Jarri sun ibiddatti isa darbu'uun isa ajjeesanii dubbii isarraa hara baafatuu fedhan humna isaanitiin isarra aanuu fedhan.

فَجَعَلۡنَٰهُمُ ٱلۡأَسۡفَلِينَ ﴿٩٨﴾

98}*Duuba nuti isaanjalee warra mooyame goone waan ka'aniif dhabanii.ibidda isaanii sanjannata ibraahiimif goonee. achitti nyaachifnee obaafnee, ka waa takka ibiddi isan gubin nagaya baye duuba mootin biyya sanii ajaa'iba godhee, haa tayuu hin amanee, kufrii isarratti hafe, nabi ibraahiim ummanni sun, kan mukgjizaa tanaan hin amanin, abaduma hin amanan je'ee, biyya isaanitii bayuu muratee, bitti isaa kgiraaqii .

وَقَالَ

*Wanni inni je'ee:

إِنِّي ذَاهِبٌ إِلَىٰ رَبِّي

* An biyya ibaadaa rabbi itti godhuu dandayuttan godaana. biyya tiyya tan kufrii malee, diddi tana dhiisee, je'e, namni dura dursoo rabbii je'ee biyyaa baye, isa duuba, ibraahiim jaartii isaa Saara'aafii ilma obbolleessaa luux fudhateeti. biyya isaa iraaqii ka'ee shaam gale,

سَيَهۡدِينِ ﴿٩٩﴾

99} *Duuba nabi ibraahiim akki jee Rabbiin waan diin kiyyaaf tolu kan waan an barbaaduttiin, na gayutti, na qajeelchaa naaf laafisa je'ee,hoggaa beytul maqdis gayu .

رَبِّ هَبۡ لِي

*Yaa rabbii kiyya ilma naa kenni ,

مِنَ ٱلصَّٰلِحِينَ ﴿١٠٠﴾

100} *I1ma gaarii khaliifaa kiyya tayee na dhaalu je'ee rabbi kadhate.

فَبَشَّرۡنَٰهُ بِغُلَٰمٍ حَلِيمٖ ﴿١٠١﴾

101}*Duuba iIma obsa hoddomaatun isa gammachiifne ,isaaf kennine. Gurbaan rabbiin isaaf kenne sun,ibraahiimii umriin dhibbaa olii ismaakgiili, ishgaaqilleen je'ame

*Duuba hoggaa ilmi isaa kan dulkumm- فَلَمَّا بَلَغَ مَعَهُ ٱلسَّعْىَ

a'aan argate sun, guddate, wajji deemee dalaguu dandayu, bara torba gayee, yookaa barn kudha sadii gayee, manaamatti ibraahiim halkan tokko nama rabbiin ilma kee gorra'i siin je'a je'u dhagaye. duuba hoggaa dubbiin tun ajaja rabbiitii hubatu, abjuun anbiya'aa dhuga'aa,

*Nabi ibraaahiim wanni ilma isaatin je'e: قَالَ

*Yaa iIma kiyya يَٰبُنَىَّ

*An manaama{abjuu} keessattan, إِنِّىٓ أَرَىٰ فِى ٱلْمَنَامِ

* Anaa si gorra'u argee, rabbiin si gorra'utti na ajajee, أَنِّىٓ أَذْبَحُكَ

*Waan lubbuun tee agartu laalii je'e, mala kee baase, jennaanin akka abbaan isaa ajaja rabbiitin maIee hin dalayne beekhaa, فَٱنظُرْ مَاذَا تَرَىٰ

*Wanni abbaa isaatinje'e: قَالَ

*Yaa abbaa kiyya: يَٰٓأَبَتِ

*Waan itti ajajamte dalagi. na gorra'i, . ٱفْعَلْ مَا تُؤْمَرُ

102} *Naa akkan an obsee gorra'omu arg-u'uuf jiraattaa an warra obsurraa tayuu na gartaa je'een . سَتَجِدُنِىٓ إِن شَآءَ ٱللَّهُ مِنَ ٱلصَّٰبِرِينَ ﴿١٠٢﴾

*Duuba hoggaa abba'aafii ilmi rabbiif if kennan, waan rabbiin itti ajaje dalaga'arra oolchu'uu muratanii, فَلَمَّآ أَسْلَمَا

103} *Ibraahiim fuula ilma isaa lafa kaayu, وَتَلَّهُۥ لِلْجَبِينِ ﴿١٠٣﴾

gorra'u kaayu, gorra'uudhaf {talla} jechuun : lafaan dhayu'uu,{ jabiin } jech-uun bakka adda namarraa, faaxun itti gad baatuu, duuba hoggaa qalu'uuf gor-ra'uuf ciifsee, ablee khokilee isarra kaayee, itti rigu , ableen muruu didde. Ab-luma garaa rabbiin muruu dho owwee. Akka abbaa isaa ibiddi gubuu dhow-wetti, tanaaf jecha wanni aada'atti waa irraa argaman. akka gubiinsi ibidd arraa argamu'uu. akka quufni nyaatarraa argamu'uu akka murarniinsi ablee qararraa argamu'uu. yoo rabbiin wanni sun, argamuu fedhe argamti malee yoo argamuu waan sanii hin fedhin, hin argamtu. Asittuu ableen argamtee rnuriinsi hin arga-mne. bakkeen ibraahiim ilma isaa itti gorra'uudhaa ka'e, {mina} hoggaa abb-aan ilma ifii gombisee gorra'utti seenee, ableen muruu didde .

*Ibraahiimitti lallabnee akki jenneen: وَنَٰدَيْنَٰهُ

104} *Yaa ibraahiim, waan manaamatti أَن يَـٰٓإِبۡرَٰهِيمُ ﴿١٠٤﴾ قَدۡ صَدَّقۡتَ ٱلرُّءۡيَآۚ

garte dhugooomsitee, nuutu ablee muruu dhoowwe malee, kun akka ati, rabbii kee, ilmoo teetirraa jaalattu, beysisu'uuf, ni gayaa, hanganatti sirraa dhaabne.

*Nuti akkasitti , إِنَّا كَذَٰلِكَ

105} *Warra dubbii rabbii dhagaye qananiifna. Hoggaa rakkatan isaan furree. نَجۡزِي ٱلۡمُحۡسِنِينَ ﴿١٠٥﴾

*Ilma isaa gorra'utti ajajuun keessattuu ilma eega guddatee argate, إِنَّ هَٰذَا

106} *Mokkorrii guddoo, mokkorrii akka لَهُوَ ٱلۡبَلَـٰٓؤُاْ ٱلۡمُبِينُ ﴿١٠٦﴾

nabi Ibraahiim, ammallee warri isaa ilma isarra, dubbii rabbii filatan, akka ilmii isaa lubbuu isarraa dubbii abbaa isaa, ta rabbii isaa, caalchisu taye mul'iftu,

*Ilma gorra'amu'uu ka'e san, ni furre, ni hobbaafne .du'a jalaa baafne. وَفَدَيۡنَـٰهُ

107}*Hoolaa gudda'aanjannatarraa finnee, بِذِبۡحٍ عَظِيمٖ ﴿١٠٧﴾

bakka ilma isaa gorra'u ibraahiim hoolaa san, gorra'e.ilmi ibraahi im kan rabbiin gorra'i je'eenii, tole je'ee, gorra'uudhaa ciibsinaan, rabbiin hoolaa gudda'aan fure,ilmaan ibraahiim ishgaaq fii ismaakgiilirraa ka mi ? gariin ulama'aa ishgaaq je'a. gariin ismaakgiili je'a. gariin rabbiitu beekha je'a, haatayuu irra hedduun ulama'aa ilmi sun isrnaakgiili je'a, nuti wanni beekun nurra jiru rabbiin nabi ibraahiim ilma kee gorra'i je'een,duuba inni dubbii isaa dhagayee, gorra'uudhaa kaanan, rabbiin hoolaa fidee ableen manna ilma isaa muruu didde, morma hoola'aa jabaa san eehamtee nabi ibraahiim hoola san, isaa {allaahu akbar } je'u gor ra'e. tanaaf hanga ammaa arafaa waa galla.

*Rabbiin akki je'e nabi ibraahiimif faaruu hambifnee jirra, وَتَرَكۡنَا عَلَيۡهِ

108} *Warra isa booda dhufe hunda keessatti, kan ummanni hundi, waan gaarii malee, waan hamtu'uun isan dubbanne. فِي ٱلۡأٓخِرِينَ ﴿١٠٨﴾

l09} *Nageenyi keenya ibraahiimirratti haa jiraatuu سَلَٰمٌ عَلَىٰٓ إِبۡرَٰهِيمَ ﴿١٠٩﴾

*Nuti akka ibraahiim badhaafnetti , كَذَٰلِكَ

110} "'Warra tole hunda badhaafua. نَجۡزِي ٱلۡمُحۡسِنِينَ ﴿١١٠﴾

| | |
|---|---|
| 111}*Nabi ibraahiim warra dhugaaan gabroottan keenyarraa nu dhugo'oomserraayi, kan qalbiin isaa nu malee waan biratti hin rarraanne. | إِنَّهُۥ مِنْ عِبَادِنَا ٱلْمُؤْمِنِينَ ﴿١١١﴾ |
| *Nabi ibraahiim gammachiifnee jirra, eega qissaan ilma isaa kan gorra'amu'uu ka'e argamtee. i1ma isaa ka biraatin gammachiifne. | وَبَشَّرْنَٰهُ |
| *Ilma maqaan isaa ishaag je'amu, | بِإِسْحَٰقَ |
| *kan nabiyyii tayu'uu j iraatu . | نَبِيًّا |
| 112} *Kan warra akkaan tolerraa taye | مِّنَ ٱلصَّٰلِحِينَ ﴿١١٢﴾ |
| *Ibraahiimitti barakaa,badhaasa gad naqnee { nayn'ee} jirra ilmaan isaa heddommeysu'uun | وَبَٰرَكْنَا عَلَيْهِ |
| * Ammallee ilma isarratti barakaa buufnee jirra, irra hedduun anbiyaa rabbiin ergee, shanyii isarraa tayu'uun | وَعَلَىٰٓ إِسْحَٰقَ |
| *Shanyi isaan lamaanirraa, | وَمِن ذُرِّيَّتِهِمَا |
| *Mu`minaatu jira | مُحْسِنٌ |
| * Arnmas kan kafaree if miidhetu jira. | وَظَالِمٌ لِّنَفْسِهِۦ |
| 113} *Kufrii dirree baase . | مُبِينٌ ﴿١١٣﴾ |
| *Dhugumaan arjoornne, badhaafne. | وَلَقَدْ مَنَنَّا |
| 114} *Muusa'aafii haaruunif anbiyaa isaan goonee. | عَلَىٰ مُوسَىٰ وَهَٰرُونَ ﴿١١٤﴾ |
| *Nagaya isaan baanee jirra | وَنَجَّيْنَٰهُمَا |
| *Akkasuma ummata isaanillee nagaya baafnee jirra. | وَقَوْمَهُمَا |
| 115} *Balaa guddo'orraa,sun balaa mootii misraa kan isaan gabroonfatu'uutii, kan zamana garii dhiira isaanii ta dhalattu fixee dhalaa dhiifatee isaan miidhe jalaa baasuu. | مِنَ ٱلْكَرْبِ ٱلْعَظِيمِ ﴿١١٥﴾ |

| | |
|---|---|
| *Muusa'aafii umrnata isaa, warra misraa, kan isaan miidhurratti isaan gargaarree | وَنَصَرۡنَٰهُمۡ |
| 116 }*Duuba sababaa saniin isaan mooyatan ummanni isaanii banii israa'ilii. | فَكَانُواْ هُمُ ٱلۡغَٰلِبِينَ ١١٦ |
| *Isaanii kenninee jirra . | وَءَاتَيۡنَٰهُمَا |
| *Kitaaba towraat je'amu, kan muusa'arratti buufue. | ٱلۡكِتَٰبَ |
| 117} *Kitaaba heera inni dhufeen akkaan ibsu. | ٱلۡمُسۡتَبِينَ ١١٧ |
| *Muusa'aafii, haaruun obbolleessa isaa, qajeelchinee jirra. | وَهَدَيۡنَٰهُمَا |
| 118} *Karaa qajeelaa. | ٱلصِّرَٰطَ ٱلۡمُسۡتَقِيمَ ١١٨ |
| *Faaruu isaanii hambifnee jirra | وَتَرَكۡنَا عَلَيۡهِمَا |
| 119} *Warra isaan booda dhufu hunda keessatti. | فِي ٱلۡأٓخِرِينَ ١١٩ |
| **120}** *Nageenyi keenya muusa'aafii haaruunirratti haa j iraatuu . | سَلَٰمٌ عَلَىٰ مُوسَىٰ وَهَٰرُونَ ١٢٠ |
| **121}** *Nutu akka isaan lamaan badhaafnetti. warra tole hunda badhaafna. | إِنَّا كَذَٰلِكَ نَجۡزِي ٱلۡمُحۡسِنِينَ ١٢١ |
| 122}*Isaan lamaan gabroottan keenya warra akkaan nutti amanerraayi . | إِنَّهُمَا مِنۡ عِبَادِنَا ٱلۡمُؤۡمِنِينَ ١٢٢ |
| 123}*I1yaas warra ergamerraayi , kan eega | وَإِنَّ إِلۡيَاسَ لَمِنَ ٱلۡمُرۡسَلِينَ ١٢٣ |

nabi muusa'aatii, ummata{ bakglaabakkii} biyya lobnaan taa'utti ergame ,isaan warra muka ibaadu. duuba itti amanuu didanii, inumaa ajeesu'uuf itti ka'an. hoggaa san dheeysee gaara duraa seene, akka irra hedduun ,ulama'aa je'utti {Ilyaas} hin duunee ni jira.gaafni isaafii khadiir du'an gaafa qur 'aanni laf-arraa fuudhamu, akka je'anitti amata hunda, isaan lamaan beytilmaqdisitti soomananii, hajji'is ni godha

| | |
|---|---|
| *Gaafa i1yaas ummata isaa warra bakglabakkiitin je'a, dubbadhu. | إِذۡ قَالَ لِقَوۡمِهِۦٓ |
| 124}*Wanni inni isaanin je'e : si rabbin sodaattanii? maalif waan inni isiniin je'u hin dhageenye? | أَلَا تَتَّقُونَ ١٢٤ |

أَتَدْعُونَ بَعْلًا *Si rabbi dhiiftaniiti,sanama ibaaddanii

{bakgl} maqaa sanamaatii, kan ziqiyaan tolchan.{bakk} maqaa biyyaati, eeg-asii maqaa sanamaa bakgliifii maqaa biyyaa {bakk} walitti qabanii, bakgla-bak maqaa biyyaa godhan, isiin amma kutaata biyya lubnaanirraa takka sanama isaanii san dheerinni isaa dhuudhuma diiddama, fuula afur qaba, sheyxaanni keessa seeneti dubata, duuba warri sanama san khaddamu, kan dhibba afur gayu, waan sheyxaanni je'u, qabatanii, namaaf odeessan, tanaaf rabbi isaan je'anii akka biratti guddisan .
Duuba nabi {i1yaas} irraa dhoowwee akki je'een: si waan harka keessaniin tolchitan ibaaddanii .

وَتَذَرُونَ *Ni dhiiftanii,

أَحْسَنَ ٱلْخَٰلِقِينَ ﴿١٢٥﴾ 125}*Rabbii nama hundarraa waa sawwaru

waa uumu rabbi in waa sawwareeti lubbuu itti seensisee jiraachisaa. Namni waa sawwaruu malee lubbuu itti seensisuu hin dandayu, tanaaf rabbiin irra bareechaa nama waa sawwaruu taye. duuba rabbii, waa sawwaree, ruuhgii itti seensisu, dhiiftaniiti, waan namni ruuhgii lubbuu itti godhuu hin dandeenye, sawware, ibaaddanii?

ٱللَّهَ رَبَّكُمْ *Rabbii keessan kan isin uume dhiiftanii

وَرَبَّ ءَابَآئِكُمُ ٱلْأَوَّلِينَ ﴿١٢٦﴾ 126}*Rabbii abbootii teessan, tan duraa uume dhiiftanii?balleessaa tana dhiisaa rabbii tokkicha isin uumetti amanaa je'een.

فَكَذَّبُوهُ *Duuba ummanni sun {ilyaas} dhagayuu didanii inumaa kij ibsiisan.

فَإِنَّهُمْ لَمُحْضَرُونَ ﴿١٢٧﴾ 127}*Jarri sun sababaa nabiyyii isaanii kij-ibsiisaniif, warra azaabaf kennamu, yookaa fidamu .

إِلَّا عِبَادَ ٱللَّهِ ٱلْمُخْلَصِينَ ﴿١٢٨﴾ 128}*Gabroottan rabbii, warra Rabbiin , kufri'irraa qulqulleessi, yooka isatti amane taate malee, isaan warra ibiddaaf kennam-u'urraa nagaya bayuu.

وَتَرَكْنَا عَلَيْهِ فِى ٱلْءَاخِرِينَ ﴿١٢٩﴾ 129}*Faaruu ilyaas,ummata isa boodaa ke-essatti ,hambifnee jirra .kan namuu waan gaari'iin isa dubbatu .

سَلَٰمٌ عَلَىٰٓ إِلۡ يَاسِينَ ﴿١٣٠﴾

**130}** *Nageenyi keenya {ilyaasirratti} haa jiraatu. yookaa aalii {ilyaasiin} hundarratti nageenyi keenya haa jiraatu

إِنَّا كَذَٰلِكَ

*Nuti akka ilyaas badhaafnetti .

نَجۡزِي ٱلۡمُحۡسِنِينَ ﴿١٣١﴾

**131}***Warra tole hunda badhaafna .

إِنَّهُۥ مِنۡ عِبَادِنَا ٱلۡمُؤۡمِنِينَ ﴿١٣٢﴾

132} *lnni warra gabrootta keenyarraa akkaan nutti amanee.

وَإِنَّ لُوطٗا لَّمِنَ ٱلۡمُرۡسَلِينَ ﴿١٣٣﴾

133} *Nabi luux warra ergamerraayi.

إِذۡ نَجَّيۡنَٰهُ وَأَهۡلَهُۥٓ أَجۡمَعِينَ ﴿١٣٤﴾

134} *Gaafa nuti isaafii warm isaa hunda balaa ummata isatti buute jalaa nagaya baafne.

إِلَّا عَجُوزٗا فِي ٱلۡغَٰبِرِينَ ﴿١٣٥﴾

135}*Jaartii isaa dullatti malee . isiin warra azaaba keessatti hafe,

ثُمَّ دَمَّرۡنَا ٱلۡأٓخَرِينَ ﴿١٣٦﴾

136} *Eega isaan nagaya baafnee, warra ummata isarraa isa kijibsiise dachii garaan galchinee, dhagaa itti roobsinee, balleessinee, qissaa isaanii ummata keetii odeessi haa gorfamaninii

وَإِنَّكُمۡ

*Isin yaa warra makkaa,

لَتَمُرُّونَ عَلَيۡهِم مُّصۡبِحِينَ ﴿١٣٧﴾

137}*Ganda luux kan balaa itti buufnee balleessine san, hoggaa imaltuu yaatan guyyaa irra dabartan

وَبِٱلَّيۡلِۚ

*Halkanillee irra dabartanii , ni gartanii ,

أَفَلَا تَعۡقِلُونَ ﴿١٣٨﴾

138} *Si duuba ganamaa gagala waan san argaadhatuma, gorfamu'uun didda nii? Si wanni, akka jara sanitti bu'ee, isi nitti bu'uu hin sodaattanii? hin beytanii ?

وَإِنَّ يُونُسَ لَمِنَ ٱلۡمُرۡسَلِينَ ﴿١٣٩﴾

139}*Namni {yuunus} je'amu tokko warra nuti gabroota keenya karaa keenya qajeelchu'uu f i saan itti erginerraayi.

إِذۡ أَبَقَ

*Gaaf inni ummanni itti isa ergine aamanuu dinnaan, aaree bade,

إِلَى ٱلْفُلْكِ ٱلْمَشْحُونِ ﴿١٤٠﴾
140}*Doonii ba'aa guutamte argatee yaab-
batee biyya ummata sanirraa badu'uu , yookaa bayu'uu jecha. Duuba hoggaa bahara wal'akkaa gayan doonin deemuu diddee dhaabbatte, hoggaa san warri safiinaa, yookaa doonii gubbaa jiru, wanni deemuu diddeef gabricha gooftaa isaa duma badeetu, yaabbatee irra jiraa hixa'aatu mul'isaa, hixaa haa buufannuu, je'an. kan hixaan irra bu'e baharitti darbinaa .

فَسَاهَمَ
*Duuba hixaa buusanii hixaan isaaf baye takkaa isarraa bu'ee,

فَكَانَ مِنَ ٱلْمُدْحَضِينَ ﴿١٤١﴾
141}*Akkasitti warra hixa'aan mooyame tayee baharitti darbanii.

فَٱلْتَقَمَهُ ٱلْحُوتُ
*Darbinaan ,qurxummiin guddoon liqimsite,

وَهُوَ مُلِيمٌ ﴿١٤٢﴾
142} *Isaa waan irratti komatamu, yoo-
kaa zigaalamu dalage.sun odoo rabbiin iznii, yookaa eehama ,hin godhiniif rabbiin narran laaluu siyee, biyya isaatii bayee, aaran ummata isaa dhiisu'uu, duuba rabbiin irra laalee, akka baharitti darbamu godhee, haa tayuu qurxummi'iin hin midhinii, garaa kee keessatti tiysi, bahara keessan achi fagaadhuu je'e, akkasitti rabbiin dukkana garaa qurxumi'I itifii, dukkana bahar keessatti, hidhe. duuba nabi yuunus ilmi matta'aa kan duraan rabbiin ummata na kijibsiisee, na ajjeesu'uu ka'e jalaa dheysuu kiyyaaf, nan komatuu seye, rabbiin narra laalee beekee je'ee, yaa rabbi naa araarami, je'ee rabbitti iyyate, rabbi zakkaruu heddommeyse.لا إله إلا أنت سبحانك إني كنت من الضالمين} Laa ilaaha illaa anta subhgaanaka innii kuntu minazgaalimiin } je'ee makgnaan isaa { Yaa rabbi si malee rabbi in biraa hin jim, ati qulqullooytee an ifmiidhe } jechu' .

فَلَوْلَآ أَنَّهُۥ كَانَ مِنَ ٱلْمُسَبِّحِينَ ﴿١٤٣﴾
143}*Nabi yuunus odoo akkasitti, zikrii rabbii, garaa qurxummi'ii keessatti heddommeysuu baatee.

لَلَبِثَ فِى بَطْنِهِۦٓ
*Silaa garaa qurxummi'ii san keessa ta'a

إِلَىٰ يَوْمِ يُبْعَثُونَ ﴿١٤٤﴾
144}*Hanga guyyaa qiyaama'aa, qabri'ii kaafamanitti, garaan qurxummi'ii qabrii tayeefii.

| | |
|---|---|
| ۞ فَنَبَذۡنَٰهُ | *Haa tayuu inni zikrii Rabbii godhee rabbitti iyyannaan, garaa qurxumi'ii keessaa isa darbine. qurxummi'iin tufi jennee, guyyuma san takkaa eega {3, 7, 20, 40 } |
| بِٱلۡعَرَآءِ | *Ala baharitti, dirre'etti bakka mayraafii gaadisaafii nyaata hin qabnetti darbite |
| وَهُوَ سَقِيمٞ ١٤٥ | 145}*Isaa laafate ,akka shinbirroo baallin irraa buute, tan bararuu hin dandeenyetti diida keessatti darbamee. |
| وَأَنۢبَتۡنَا عَلَيۡهِ شَجَرَةٗ مِّن يَقۡطِينٖ ١٤٦ | **146}** *Duuba rahgmata isaaf goonee |

muka baaqila'aa yookaa duubba'aa magarsinee. takkaa muuza, takkaa buqqee, magarsinee adu'urraa gaaddisa goonefii, bineenssarraa tiysine .ammas waan nyaatu isaa godhu'uu jecha,gugguftoo, yookaa borofa ganamaa galgala, ergineefii, aanan isi'ii dhuga ,hanga jabaatee humniti isaa deebitetti.

| | |
|---|---|
| وَأَرۡسَلۡنَٰهُ إِلَىٰ مِاْئَةِ أَلۡفٍ | * Akkasitti deebifnee ummata isaa kan duraan keessaa bayetti ergine.Warra {niinawa'aa} kan kum dhib tokko gayutti , |
| أَوۡ يَزِيدُونَ ١٤٧ | 147}*Kan inumaa sanirraa caalan hanga kum diiddam ,yookaa soddomaa yookaa torbaatamaa ida'atanitti ergine. |
| فَـَٔامَنُواْ | *Duuba jarri sun hoggaa azaabni rabbii itti dhiyaatu amananii, rabbitti maganfatanii, |
| فَمَتَّعۡنَٰهُمۡ | *Duuba isaan hanbifnee,isaan qananiifne, |
| إِلَىٰ حِينٖ ١٤٨ | 148} *Hanga qananii sanii umriin isaanii dhurntutti . |
| فَٱسۡتَفۡتِهِمۡ | *Mee warra makkaa gaafadhu , |
| أَلِرَبِّكَ ٱلۡبَنَاتُ | *Si rabbii keetif dhalaan tayeeti, takkaa qabaateti, |
| وَلَهُمُ ٱلۡبَنُونَ ١٤٩ | 149}*Isaan dhiiraa qabaatanii.wanni malaaykan dubra rabbiiti je'aniif . |

| | |
|---|---|
| أَمْ خَلَقْنَا ٱلْمَلَٰٓئِكَةَ إِنَٰثًا | *Si nuti malaaykaa dhaJaa uumnee, |
| وَهُمْ شَٰهِدُونَ ﴿١٥٠﴾ | 150}*Isaanii san argu.isaan, san hin aga-rre jechu |
| أَلَآ إِنَّهُم مِّنْ إِفْكِهِمْ | *Dhagayaa isaan kijibaaf jecha , |
| لَيَقُولُونَ ﴿١٥١﴾ وَلَدَ ٱللَّهُ | 151} *Rabbiin ilmoo dhale je'an. Mala-aykan dubra rabbiiti je'anii. |
| وَإِنَّهُمْ لَكَٰذِبُونَ ﴿١٥٢﴾ | 152} *Isaan waan je'an san keessatti ni kijiban. |
| أَصْطَفَى ٱلْبَنَاتِ عَلَى ٱلْبَنِينَ ﴿١٥٣﴾ | 153} *Si dhalaa dhiirarraa maraxatee. |
| مَا لَكُمْ | *Maal taatan? ni maraattanii? |
| كَيْفَ تَحْكُمُونَ ﴿١٥٤﴾ | 154}*Akkamitti dubbii akkanaa murtan ? mee akkamitti dhalaa ifiifuu waan ga-di galoo, nafii hin qabne, jettanii jibb-itan, rabbii kennitanii, ifii dhiira fudha-ttan? Kun murtii badduudhaa? |
| أَفَلَا تَذَكَّرُونَ ﴿١٥٥﴾ | 155} *Si Rabbiin ilmo'oodharra qulqul-lu'uu beytanii, yaadattanii, dubbii tana-rraa hin dhaabbattanii. |
| أَمْ لَكُمْ سُلْطَٰنٌ مُّبِينٌ ﴿١٥٦﴾ | 156}*Si raga beekkamaa aylii seenu ,rabbiin ilmoo qabaadharratti qabdanii? |
| فَأْتُوا۟ بِكِتَٰبِكُمْ | *Mee kitaaba keessan towraat fida'aa isa keessatti na garsiisaa, |
| إِن كُنتُمْ صَٰدِقِينَ ﴿١٥٧﴾ | 157}*Yoo kan waan jettan keessatti dhugaa dubbattan taatan . |
| وَجَعَلُوا۟ بَيْنَهُۥ وَبَيْنَ ٱلْجِنَّةِ نَسَبًا ۚ | *Ormi kuffaaraa rabbiifii malaaykaa ta-kkaa jinnii fira walii godhan malaaykan dubra rabbiiti jinni'irraa fuudhee isaa dhalte, je'anii, rabbiifii jinnii jidduu so-dduma'aatujiraje'an. |
| وَلَقَدْ عَلِمَتِ ٱلْجِنَّةُ إِنَّهُمْ | *Malaaykan, yookaa jinniin beytee jirti, waan dabarsine je'u kuffaarri sun, |

| | |
|---|---|
| 158}*Ibidda azaabatiif fidaman. akka isaan gubataniif .kufrii isaanii tanaaf. | لَمُحۡضَرُونَ ﴿١٥٨﴾ |
| 159}*Rabbiin waan kuffaarri isaan je'u-rraa qulqullaaye. ilmoo qabaan isaan hin maltu. | سُبۡحَٰنَ ٱللَّهِ عَمَّا يَصِفُونَ ﴿١٥٩﴾ |
| 160}*Warra rabbitti amane malee waan isaan je'anirraa rabbi in hin qulqulloo ynee .waan isaan rabbii ifii waan guu-tuu malee waan ir'uudhan hin dub-anneef. | إِلَّا عِبَادَ ٱللَّهِ ٱلۡمُخۡلَصِينَ ﴿١٦٠﴾ |
| *Duuba isin yaa warra rabbitti kafare isiniifii. | فَإِنَّكُمۡ |
| **161}** *Sanamni isin gabbartan . | وَمَا تَعۡبُدُونَ ﴿١٦١﴾ |
| 162}*Waan gabbartan sanitti nam tokk-ollee gidditanii, jallisuu takkaa ballees suu hin dandeessan . | مَآ أَنتُمۡ عَلَيۡهِ بِفَٰتِنِينَ ﴿١٦٢﴾ |
| 163} *Nama rabbiin inni warra ibidda-atii muree dabarse malee, san jallifatuu ,ni dandeessanii . | إِلَّا مَنۡ هُوَ صَالِ ٱلۡجَحِيمِ ﴿١٦٣﴾ |
| 164}*Jibriil nabi muhammadiin akki je`e nuti maJaaykan, sarnii keessaa, na-muu bakka beekkamtuu qabna, kan achitti rabbi ibaannu, kan tokkoon kee-nya bakka isaaf godhamte biran dabarre | وَمَا مِنَّآ إِلَّا لَهُۥ مَقَامٞ مَّعۡلُومٞ ﴿١٦٤﴾ |
| 165} *Nuti malaaykan, salfi'iin dhaabb-anee salaanna . | وَإِنَّا لَنَحۡنُ ٱلصَّآفُّونَ ﴿١٦٥﴾ |
| 166} *Nuti rabbii keenya waan isaa hin malli hundarraa, qulqulleessina . | وَإِنَّا لَنَحۡنُ ٱلۡمُسَبِّحُونَ ﴿١٦٦﴾ |
| 167} *Wanni kuffaarri je'uu ture : | وَإِن كَانُواْ لَيَقُولُونَ ﴿١٦٧﴾ |
| *Odoo kitaaba ifbiraa qabaannee, | لَوۡ أَنَّ عِندَنَا ذِكۡرٗا |
| 168}*Kitaaba akka kitaabban ummata nu dura dabrerraa taye . | مِّنَ ٱلۡأَوَّلِينَ ﴿١٦٨﴾ |

لَكُنَّا عِبَادَ ٱللَّهِ ٱلْمُخْلَصِينَ ﴿١٦٩﴾

169}*Silaa gabroottan rabbii warra ibaadaa isaaf qulqulIeessu taana, kan isa malee waan biraa hin gab barre warri makkaa odoo kitaaba akka yahuuda'aafii nasgaaran qabdu qabaannee, silaa akkaan qajeella je'eeti, odoo nabi Muhammad hin ergamin kitaaba argatu'uuf hawwan.Duuba rabbiin nabi Muhammad nageenyi . isarratti haa jiraatuu, ergee kitaaba kitaabban isaanii sun caalu isaanif buuse sun qur'aanaa .

فَكَفَرُواْ بِهِۦۖ

*Buufnaan itti kafaran. Qeebaluu didan,

فَسَوْفَ يَعْلَمُونَ ﴿١٧٠﴾

170} *Duuba qixaaxa kufrii isaanii beeku'uuf jiraatan, addunya'aafii akhira'attillee

وَلَقَدْ سَبَقَتْ كَلِمَتُنَا

*Baallamni keenya kan gargaarsaa dabree jira ,

لِعِبَادِنَا ٱلْمُرْسَلِينَ ﴿١٧١﴾

171 } *Baallamni nuti gabroota keenya ergamoota gargaaru'uuf seenne,maaI jenne?

إِنَّهُمْ لَهُمُ ٱلْمَنصُورُونَ ﴿١٧٢﴾

172} *Isaan warri injifatujennee,

وَإِنَّ جُندَنَا لَهُمُ ٱلْغَٰلِبُونَ ﴿١٧٣﴾

173}*Orrni rabbitti amane isaani warri kaafira injifatu addunya'aafii aakhira'atti nabiyyii tokkoofii kuffaarri yoo lolaaf wal dura dhufan,nabiyyumaatu injifata, Ammoo ormi rnu'minaa kan nabiin keessa hin jirre hogiin ni mooyatanii hogiin ni moo yaman. haa tayuu irra hedduun yoo sharxiin lolaa guutamte, orma isla amatu mooyata. Kun addunya'arratti ammoo aakhira'atti mooyannaan tan orma mu'minaati, jannata seenu'uun , akkasuma mooyannaan ragaa haqaa, tan mu'minaati bakka hundatti warri diin rabbiitif Iolu akka hundatti injifatuu hin oo lu. yoo kuffaarri gaafa garii mooyate saba baa sharxiin jihaadaa ir'atteefi, takkaa isaan mokkoru'uufi. ni obsanmoo hin obsanii laalu'uufi .

فَتَوَلَّ عَنْهُمْ

*Yaa ergamaa kiyya muhammad, warra rabbitti kafare kanarraa gara gali itti dhiisi . hin loliniinii .

حَتَّىٰ حِينٍ ﴿١٧٤﴾

174}*Hanga loliin jennee si ajajnutti

---

hanga qophooytuu nabi muhammad nageenyi isarratti haa jiraatuu gaafa dura ergamerraa hanga bara kudha shanii, diin nama barsiisu'uufii obsu'utti ajajame. ammoo eega madiina'atti galee, bara lama booda, kuffaaran lolu'utti ajajame. eegasii duula diiddamii torba kuffaaratti duule.

duula sanirraa saddeet keessatti lola qunname, sun Badri, Uhgud, Mus-xalaq, Khandaq, Qureyzaa,Kheybar,Hguneyn, Xaa'ifi, Makkaa.

وَأَبْصِرْهُمْ
*Waan isaanitti bu'u, garsiisii, eegi waan kanaatu isinitti bu'aji'ii beysisi.

فَسَوْفَ يُبْصِرُونَ ﴿١٧٥﴾
175} *Waan isaanitti bu'u, ajjeechaa tayuu boojiyamuu tayuu, azaaba aakhira'aa tayuu beekhu'uuf argu'uuf jiraatan sheenayu'uuf taaan, gaafa sheenan isaan hin fayyanne.

أَفَبِعَذَابِنَا يَسْتَعْجِلُونَ ﴿١٧٦﴾
176}*Si ormi kuffaaraa san azaabni kenya daddafee isaanitti bu'uu barbaadanii, qishna'aaf jecha, si kijibsiisu'uu jecha.

فَإِذَا نَزَلَ بِسَاحَتِهِمْ
*Duuba gaafa azaabni itti dhufee qe'ee isaanii, takka ganda isaanii qubate, isaan balleessu'uu jacha .

فَسَاءَ صَبَاحُ الْمُنذَرِينَ ﴿١٧٧﴾
177} *Jara san waa bariisan isaanii itti hammaattee ganamni isaanii numa hama' , warra dinniinni godhameef ganamni isaanii bade.

وَتَوَلَّ عَنْهُمْ
* Ati irraa gara gali ,

حَتَّىٰ حِينٍ ﴿١٧٨﴾
178} *Hanga wanni dhuftu isaanitti dhuftuu.

وَأَبْصِرْ
*Waan isaanitti bu'u garsiisii eegi.

فَسَوْفَ يُبْصِرُونَ ﴿١٧٩﴾
179}*Waan isaanitti bu'u, argu'uuf ta-a'anii.

سُبْحَانَ رَبِّكَ
*Rabbiin kee waan isaan hin malle waan ir`u hundarraa qulqullaaye,

رَبِّ الْعِزَّةِ
*Rabbii waa hunda mooyu,

عَمَّا يَصِفُونَ ﴿١٨٠﴾
180} *Waan kuffaarri jeurraa Rabbiin qululluu ilmoo qabaa kuffaarri je`urraa inni qulqulluu ilmoo qabaatun waan isaan hin malle, ilmo'otti haaja'aatu nama geessa, rabbiin wahayyurraayuu durreessaa akkamitti ilmoo qabaje'an.

وَسَلَامٌ عَلَى الْمُرْسَلِينَ ﴿١٨١﴾
**181}** *N ageenyi warra rabbii ergerratti haajiraatu.

وَٱلۡحَمۡدُ لِلَّهِ رَبِّ ٱلۡعَٰلَمِينَ ﴿١٨٢﴾

**182}***Gallanni kan rabbiti faarun ta isa-
ati kan anbiyaaafii mu'mina gargaaree moosisee, kuffaara warra rabbii moromu cabsee balleesse. Sayid ali rabbi irraa haa jaalatuu akki je'e namni guyyaa qiyaama'aa sawaaba guutee saffaratuu fedhe :

سبحان ربك رب العزة عما صفون وسلام على المرسلين والحمد لله رب العالمين

Subhgaana rabbika rabbilkgizati kgammaa yasgifuun wa salaamun kga-lalmursaliin walhgamdu lillaahi rabbilkgaalamiin}hoggaa bakka taa'ee ka'e haa je'uu je'an